Nu qunnamaa

Bilbila
206-296-8683
1-800-325-6165
TTY Relay: 711

Email
elections@kingcounty.gov

Kallattiin karaa toora intarneetii
kingcounty.gov/elections

Xalayaadhaan ykn qaamaan
King County Elections
919 Southwest Grady Way
Renton, WA 98057

Guyyoota torban hojii irratti banaa dha
8:30 a.m. – 4:30 p.m.

Miiltoo Galmee Filannoo
Tajaajila Galmee Filannootiif qofa

Gamoo Bulchiinsa Kaawuntii King
500 4th Avenue, Room 440
Seattle, WA 98104

Guyyoota torban hojii irratti banaa dha
8:30 a.m. – 1 p.m. fi 2 p.m. – 4:30 p.m.

King County Elections

Oromo

Qajeelfama Filannoo kan King Kaawuntii

filadhu!





Filannoof akkamitti akka galmooftan

- Kallattiin karaa toora intarneetii
- Xalayaan
- Qaamaan

Odeefannoo bal'inaan argachuuf kana ilaala:

kingcounty.gov/elections/register

Filachuuf eenyutu galmaahuu danda'a

Isin kan armaan gadii ta'uu qabdu:

- Lammii Ameerikaa
- Guyyaan filannoo gahuun dura yoo xiqqaate guyyoota 30f jiraataa Kutaa Biyya Waashingitan kan seera qabeessa
- Guyyaa Filannoo tti yoo xiqqaate waggoota 18 ta'uu
- Sababa mana murtiitiin mirgi filachuu keessan kan hin sarbamne; fi
- Waashingitanitti yakka raawwatanii to'annoo Muummee Bulchiinsa Amala Sireessaa jala kan hin jirre

Isin kutaa biyyaa ykn naannoo tokkoon ol keessatti filachuu hin dandeessan. Filachuuf galmaahuu keessan dura kanaan dura kan galmooftaniitu yoo jiraatu sana haquu keessan mirkaneessa.

Guyyaatti galmeen xumuramu

Isin filachuuf yeroo kamiyyuu galmaa'uu ni dandeessu.

Isin filannoo dhufu irratti filachuu barbaadu yoo ta'e, guyyaawwan xumuraa waantonni qaban jiru. Odeefannoowwan dabalataa argachuuf nu qunnamaa ykn gara weebsaayitii keenyaa deemaa ilaala.

Meeshaalee filannoo afaan biraatiin qopha'an

Afaan Ingilizii irratti dabalataan Boordiin Filannoo King Kaawuntii mateeriyaaloota ykn meeshaalee filannoo afaan Chaayinaa, Kooriyaa, Ispeeniifi Veetinaamiin ni dhiyeessa.

Kaardii filannoo akkamitti akka fudhatan

Xalayaan

Kutaan Biyya Waashingitan xalayaan filata. Isin filachuuf galmooftaniitu tanaan, kaardii filannoo xalayaa n isiniif ergamee fudhatu.

Kaardiiwwan filannoo Guyyaan Filannoo gahuun dura gara torbee sadii dursee xalayaa wajjin ni ergamu, filattoota miseensoota humna waraanaa fi kanneen biyya alaa jiraniif isa dursanii ni ergamu.

Filannoowwan sagalee kennuu

Xalayaadhaan filachuun namoota irra caalaaf filannoo mijahaa dha. Filannoowwan kanneen biraas ni jiru:

- Sagantaa Kaardii filannoo kallattiin karaa toora intarneetii mallattoo irratti taasiisan
- Wiirtuuwwan filannoo argachuun danda'amu

Odeefannoowwan dabalataa argachuuf nutiin nu dubbisaa ykn gara weebsaayitii keenyaa deemaa ilaala.

Waraqaawwan hubannoo kan filatootaa

Waraqaan hubannoo kan filattootaa waa'ee kadhimamtoota filannoo fi tarkaanfiiwwan kaardii filannoo irra jiran ilaalchisanii odeefannoo ni kenna. Waraqaawwan beeksiisaa kan filattootaa maatiiwwan King Kaawuntii keessa jiran hundaaf filannoowwan duraa fi waliigalaatiif xalayaan ni ergamu.

Odeefannoo Faayidaa qabeessa filannoo

- Kaardii filannoo, poostaa fi waraqaa hubannoo kan filattootaa of eeggannoon dubbisa.
- Kaardii keessan guutuuf kobbee ykn qalama gurraacha fayyadama.
- Ibsa dugda duuba poostaa ittiin deebistanii irra jiru irratti mallatteessa.
- Isin dorgommii tokkoon tokkoo isaatiif filachuu baattanis kaardiin keessan ni lakkaawama.

Kaardii filannoo keessan akkatti deebistan

Isin kaardii filannoo keessan akkuma fudhattaniin filatanii deebisuu ni dandeessu. Kaardii filannoo keessanii daftanii dursiitanii deebisuun akka isin rakkoowwan mallattoo keessan wajjin walqabatee ka'uu danda'u kamiyyuu akka sirreessitanii f yeroo argamsiisuudhaan nuti kaardii filannoo keessan lakkaawuu akka dandeenyu isin gargaara. Kaardii filannoo keessan saanduqa filannootti deebisuu yookan xalayaan erguu dandeessu.

Sanduqa Kaardii Filannoo

Kaardiin filannoo keessanii gara sanduqa kaardii filannootti deebisaa, chaappaan hin barbaachiisu. Kaardiin filannoo keessan saanduqa kaardii filannootti guyyaa filannoo hanga galgala keessaa sa'aatii 8tti deebifamuu qaba.

Isin filannoo ammaatiif bakka isaa beekuuf waraqaa hubannoo kan filattootaa ykn weebsaayitii keenya irraa argachuu dandeessu.

Xalayaan

Isin chaappaa sadarkaa tokkoffaa kaardii filannoo keessan irra kaahuun xalayaadhaan deebisaa nuuf erga. Kaardiin filannoo keessan Guyyaa Filannoo mallattoo ykn chaappaa guyyaa qabu kan of irraa qabu ta'uu qaba. Hanga daqiiqaa xumuraatti hin eegina!